STAY SAFE MN

Hamma Fudhannaa (Doozii) Talaallii COVID-19 Moderna lsa 2ffaa Barbaadadhaa

6/15/2021

COVID-19 sirriitti ofirraa ittisuuf hamma fudhannaa talaallii Moderna lama guyyoota 28 wal irraa fageessanii fudhachuun barbaachisaadha.

Hamma fudhannaa isa lammataatiif beellama qabachuu yoo dadhabdan ykn beellami yoo isin darbe, wanti isin gochuu qabdan kunooti:

- Beellama qabachuu danda'uu keessan adda baafachuuf, jalqaba dhiyeessaa keessan isa doozii jalqabaa isinii kennerraa adda baafadhaa.
- Doozii isa l2ffaa argachuu danda'uu keessan kilinika keessan isa dhaabbataa ykn sirnawwan kilinika kanneenii keessaa tokko gaafadhaa.

Sirna kilinikaa	Beellama qabadhaa
Allina	www.allinahealth.org/coronavirus-covid-19/vaccines
HealthPartners/Park Nicollet	www.healthpartners.com/covid-19/vaccine-faqs/
Hennepin Healthcare	www.hennepinhealthcare.org/covid-19-vaccine-information
M Health Fairview	www.mhealthfairview.org/covid19/covid19-vaccine
North Memorial	www.northmemorial.com/vaccine/
Children's MN	www.childrensmn.org/covidshot/

- Beellama talaallii qabachuu danda'uu keessan adda baafachuuf mana qorichaa naannoo gaafadhaa. Manneen qorichaa hedduun beellama osoo hin qabatin isin ni keessumsiisu, talaallii Moderna qabaachuu isaanii mirkaneeffachuuf **garuu dursanii isaanii bilbiluudhaan**, ykn karaa Barbaadaa Talaallii Vaccines.gov irraatiin talaalliin Moderna kuusaa isinitti dhiyoo keessa jiraachuu isaa adda baafachuun barbaachisaadha.
- Talaallii Moderna qabaachuu isaanii adda baafachuuf, kutaa fayyaa uummataa naannoo keessanii quunnamaa. Kutaa fayyaa naannoo ykn boordii fayyaa hawaasaa barbaadaa (www.health.state.mn.us/communities/practice/connect/findlph.html).

Guyyaa itti doozii jalqabaa talaallii Moderna keessan fudhattan itti himuu akka dandeessaniif kaardiin talaallii keessan isin harka jiraachuu isaa mirkaneeffadhaa. Kaardii talaallii keessan yoo gattan, kilinikichi ykn manni qorichaa sun galmee talaallii keessan irraa isiniif ilaaluu mala, ykn gara Galmee Talaallii Kiyyaa Barbaadi (www.health.state.mn.us/people/immunize/miic/records.html).deemuudhaan Muummee Fayyaa Minnesota irraa garagalcha galmee talaallii keessanii gaafachuu ni dandeessu. Galmichi odeeffannoo kaardii talaallii keessan irra jiru qaba.

Talaalliiwwan COVID-19 ilaalchisee gaaffii yoo qabaattan, toora bilbilaa uummataa MDH COVID-19 833-431-2053 irratti bilbilaa maaloo.

MINNESOTA

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000
625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975 (Oromo)